Victorian Equal Opportunity & Human Rights Commission

simply your rights

Mirga kee tolaafii walqixaan laalamuuf

Your Right to be treated Fairly and Equally

Namuutuu tolaafii walqixxummaan laalamuuf mirga qaba. Viktoria keessa seerra holaa, roorroo asxaa, tufii sanyiitiifii amantii irraa nama ee'gutu jira.

Holaa (Discrimination)

Holaan nama tokko akka malletti yookin karaa malleen hubuudha sababaa amala isaatiin. Sababaa kanneenniin nama holuun seeraa ala:

- Ganna/umrii
- hoosisuu
- haala tajaajiltuu
- Naafa yookin dadhabaa
- Ee'nummaa asxaa yookinsaala
- Dalagaa
- Seeraan saala gochuu
- Haala heeruma
- Haala warrummaa
- Argaa qaamaa
- Fundula siyaasaa yookin amantii
- Ulfa
- Sanyyii
- Fundula yookin dalagaa amantii
- Asxaa
- Fundula saalaa
- Nama waan asii olii qabuun hiriyyoomuu

Rorroo asxaa

Roorroon asxaa seeraa ala. Roorroon asxaa tutuqaa saalaa hinee'ggamin, gaafii saalaa hinbarbaachifne, yookin jecha qaama keetii yookin haasawa waan saalaa akkasuma cooraa waan saalaa gochuu.

Holaafii rorroon asxaa essatti ta'a?

Seerri waan nama keesstti ta'u ilaala malee amala abbaa kopatti hinlaalu. Kana jechuun holaafii rorroon saalaa seeraa ala yoo lafa dalagaa, jireennaa, caayaa, baruumsaa, tajaajilaa, socha'a sportiifii gurguraa yookin lafa waljijjiirraa lafaatti ta'e.

Tuffii sanyiitiifii amantii

Tuffiin sanyyiitiifii amantii seeraa ala. Tuffiin sanyayiitiifii amantii jecha, yookin rorroo qaamaa, sodaachisa yookin jibbaa mul'isuu yookin tuffii cimaa nama tooko yookin murna ummataa irratti sababaa sanyyii yookin amantii isaaniitiin gochuu.

Waa'ee keenna

Galmi Hiree Walqixa Viktooriyaa himata holaa, roorroo asxaatiifii tufii sanyyii akkasuma amantii akka hiikkaa argatu xurree tajaajilaa kanneen kennuun ummata gargaara.

- ✓ Oduu baasuun malee
- ✓ Waldabarsaa malee
- ✓ Bilaashitti
- ✓ Dhiba malee

Galmi mana seeraatiimiti. Akkuma ummanni waligalteen galtee fixatu gargaara. Nuti hinhimannu/hinkassafnu, murtii jilba lamaaniif yookin lamaanitti hingoonu akkasuma gumaa hinkenninu.

Himata (kissii) gochuu

Yoo holaan, rorroon asxaa yookin jibbaan sirra gahuu amante galmatti himata (kissii) gochuu dandeetta.

Galamaa bilbili yoo feete nama bilaashitti afaan sii hiiku gaafadhu. Dalagduun teenna himata kee qindeessanii akkasuma warra ati himattu dubbisu. Nuti gam tokkooyyuu hintumsinu himata ammoo dhoksatti qabanna.

Seeraa ala namni akka maletti silaalunn yookin galmatti himata gooteef si sodaachisuun.

Himata (kissii) hiikuu

Himanni xurree adda addaatiin furmaata argataDalagduun teenna xurreedhan jiran sii ibsu, hawwiihiikkaa irra gaarii argamsiisuutiin.

Galmatti himata gochuuf xabaqaa sinfeesisu, ammooummanni gariin yoo xabaqaa, wakiila yookin namatumsa kennuuf fidatan irra itti tola.

Wadaroo Gorsaa (03) 9281 7100
TOLL FREE (baadiyaaf) 1800 134 142
TTY: (03) 9281 7110
Email: complaints@veohrc.vic.gov.au

Nama afaan hiiku yoo gaafatte horii malee argatta.

GAAFATANMA-DIDDAA: Ibsi kun tilmaama qofa. Gorsa seeraa bakka hin bu'u.
DHUUNFAA KEE: GHWV tiifii MDN(VEO&HRC) Seera dhuunfaa Viktooriyaa-qabxii sirrii eegu Hiree Walqixaa 1995 guututti eega. Akeekni dhuunfaa namaa eegu Saraara irraa: www.humanrightscommission.vic.gov.au/privacy yookin Galama qunnami.
Toohata Galma Hiree Walqixaatiifii Mirga Dhala Namaa Viktooriyaatiin maxxanfame, 3/380 Xurree Lonsdale, Melbourne, Viktooriyaa, 3000
April 2007